

Dubartoota Yeroo Murtaa'af Haraama ta'an

1-Obboleetti niitti (obboleetiwan lama yeroo tokkotti fuudhu)	5-Dubartiin Mushrika taate hanga Muslima taatu
2-Niitti fi Adaadaa ishii ykn ishii fi haboo ishii altokko fuudhu	6-Dubarti Zinaa raawwattie hanga tawbattuu fi ulfa irraa qulqulhuu ta'uu garaan ishii hanga mirkanqa'utti
3-Niitti dhiira biraan iddaa* keessa tan jirtu	7-Dubarti Muhrim** taatee hanga ihraama hiiktuttu
4-Dubartii si'a sadii hiikkamte	8-Osoo isla jala dubartooni afur jiranuu tan shanaffaa fuudhu.

Gaa'ila Islaamaa-Lakk.3.3

Description

Muharramaat-(Dubartoota Fuudhun Haraama ta'an)-kutaa-3ffaa

Kutaa dabre keessatti dubartoota soddummaan yeroo hundaa haraama ta'anii fi dubartoota yeroo murtaa'af haraama ta'an ilaalle turre. Har'as itti fufuun rammaddi dubartoota yeroo murtaa'af haraama ta'an ni ilaalla. Akka dubbistootaaf salphatuuf wanti hanga ammaa ilaalle gabateen qophaa'e jira. Linkii gara dhumaajiru tuquun buusun ni danda'ama. Mee itti haa fufnu kutaa darbee irraa...

Yeroo Murtaa'af (Muraasaaf) Dubartoota Fuudhun Haraama Ta'an

3-Niiti nama biraan yookiin dubartii yeroo turtii (iddaa) keessa jirtu

Dubartii nama biraatti heerumtee fi niiti isaa taatee osoo jirtuu fuudhun haraama. Sababni isaas, kabajaa fi bisaan saalaa dhiirsa ishii eeguuf jecha isaan fuudhun dhoowwamaadha. Akkasumas, dubartii hiikkamte iddaa keessa jirtu fuudhun hin ta'u. Iddaa jechuun du'a dhiirsatiin booda ykn erga wal hiikanii booda, dhiira biraatti heerumuun dura **yeroo murtaa'a dubartiin itti turtuudha**. Fakkeenyaf, dubartiin hiikkamte nama biraatti heerumun dura heeydi (laguu) sadii arguu qabdi. Kanaafu, dubartiin niiti nama tokkoo taatee osoo jirtu ykn iddaa keessa osoo jirtuu fuudhun ykn nikaah hidhachuu haraama. Rabbiin ni jedha:

وَالْمُحْصَنَاتُ مِنَ النِّسَاءِ إِلَّا مَا مَلَكَتْ أَيْمَانُكُمْ

“Kan harki keessan dhuunfate malee dubartoota irraa kanneen heeruman [isin irratti haraama].” Suuratu Niisa 4:24

Kana jechuun dubartoota heerumanii nikaah ofiraa qaban fuudhun isin irratti haraama. Garuu wanti kanarraa adda ta'uu dubartoota harka keessan keessa jiraniidha. Kana jechuun osoo kaafirotaan walitti duulanuu dubartoota heeruman kan yeroo waraanaa qabaman (booji'amaan) fuudhun dhoowwamaa miti. Dubartooni yeroo waraanaa qabaman iddaan isaanii yoo xumurame fuudhun ni danda'ama. Iddaan isaanii heeydi (laguu) tokko arguudha. Ragaan kana ([Sahih Musliim 1456](#) ilaalun ni danda'ama). Asitti gaafin akkana jedhoo ka'uu danda'a. “Dubartoota kaafirootaa heerumanii yeroo waraanaa booji'aman

fuudhun akkamitti hayyamamaa? Kuni zulmii hin ta'uu?" jechuun gaafataan gaafachuu danda'a. Deebiin isaa karaa lamaani:

1ffaa— Nama Islaamatti duulu fi karaa Rabbii irraa namoota deebisu ajjeesun hayyamamaadha. Kanaafu, lubbuun isaa akka ajjeefamtu yoo hayyamame niiti isaa fuudhun san caalaa kan hayyamamuudha.

2ffaa— Kaafiroonni dubartoota Musliima yoo booji'an (qaban) wanta badaa irratti raawwachuu isaan miidhu. Kanaafu, haqni haqa waan ta'eef dubartoota kaafirootaas fuudhun wanta Islaamni hayyamuudha

Gocha Irraa dheessu qaban: yeroo ammaa ummata keenya keessa dubartoota nikaah ofirraa qaban fuudhun wanta babal'atee jiruudha. Osoo dhiirsi nikaah irraa hin buusin dubartiin takka dhiira biraatti heerumti. Kuni daangaa Rabbii darbuu fi adabbii cimaaf of saaxiludha. Kanaafu, dhiiraa fi dubartiin gocha akkanaa irraa of quachuu qaba. Dhiirsi jalqabaa erga nikaah irraa buuse booda nama lammataatti heerumu dandeessi. In sha Allah gara fuunduraatti Xalaqa (nikaah buusu) keessatti bal'innaan ilaalla.

4-Dubartii si'a sadii hiikkamte— dhiirri niiti isaa si'a tokko hiikee yeroo lammataaf walitti deebi'u danda'u. Ammas yeroo lammafaaf yoo wal hiikan, walitti deebi'u danda'u. Garuu yeroo sadaffaaf wal hiiknaan, dubartiin suni hanga dhiira biraatti heerumtutti walitti deebi'u hin danda'an. Rabbiin (Subhaanahu wa ta'alaa) ni jedha:

فَإِنْ طَلَقَهَا فَلَا تَحْلُّ لَهُ مِنْ بَعْدِ حَقِّيْنِكَحْ زَوْجًا غَيْرَهُ فَإِنْ طَلَقَهَا فَلَا
 جُنَاحٌ عَلَيْهِمَا أَنْ يَتَرَاجَعَا إِنْ ظَنَّا أَنْ يُقِيمَا حُدُودَ اللَّهِ وَتِلْكَ حُدُودُ اللَّهِ
٢٣٠
 يُبَيِّنُهَا لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ

“Yoo [hiikkaa sadaffaa] ishii hiike, san booda hanga dhiirsa biraatti heerumtutti isaaf hin hayyamamtu. Yoo inni (dhiirsi lammataa) ishii hiike, daangaa Rabbii eeguu isaanii yaadnan isaan lamaan yoo walitti deebi'an badiin isaan irra hin jiru. Kuni daangaawwan Rabbii kan Inni ummataa beekaniif ibsuudha.” Suuratu Al-Baqarah 2:230

“daangaa Rabbii eeguu isaanii yaadnan isaan lamaan yoo walitti deebi'an badiin isaan irra hin jiru” kana jechuun haqa walii ni eegna, wanta badaa duraan akka addaan baanuf sababa ta'e ni jijira jedhanii yoo yaadan, walitti deebi'u danda'u. Garuu haqa walii kan hin eegnee fi waliin jireenyi akkuma duraanii badaa ni ta'a jedhanii yoo yaadan, walitti deebi'un isaanif badiidha.

5-Dubartii Mushrika taate hanga Musliima taatu— dubartii mushrika taate fuudhun dhiira Musliimaa irratti haraama. Kana jechuun dubartii taabota gabbartu yookiin sa'a, urjiilee, aduu, ji'aa fi kkf gabbartu. Akkasumas, Jiraachu Rabbiitti tan hin amanne. Tan akka shuyu'iyyiin (Koominist), ateezimii fi tan Islaama irra duubatti deebite (murtaddii) fuudhun hin ta'u[1]. Haaluma wal fakkaatun dubartiin Musliimaa dhiira mushrikaatti hin heerumtu. Rabbiin ni jedha:

شَنِكُحُوا الْمُشْرِكَاتِ حَتَّىٰ يُؤْمِنَ وَلَآمَةٌ مُؤْمِنَةٌ خَيْرٌ مِنْ مُشْرِكَةٍ وَلَوْ أَعْجَبْتُكُمْ وَلَا
وَالْمُشْرِكِينَ حَتَّىٰ يُؤْمِنُوا وَلَعِبْدٌ مُؤْمِنٌ خَيْرٌ مِنْ مُشْرِكٍ وَلَوْ أَعْجَبْتُكُمْ أُولَئِكَ يَدْعُونَ
أَرَأَ اللَّهُ يَدْعُوا إِلَى الْجَنَّةِ وَالْمَغْفِرَةِ بِإِذْنِهِ وَبِيُّبِينُ عَائِيَتِهِ لِلنَّاسِ لَعَلَّهُمْ يَتَذَكَّرُونَ ﴿١١﴾

“Hanga isaan amananiitti dubartoota mushriikaa hin fuudhinaa. Odoma isheen isin gammachiifteeyuu gabritti mu’iminaatu mushrika caala. Yoo amanan malee dhiira mushrikaattis [dubartii teessan] hin heerumsiisinaa. Odoma inni isin gammachiiseyyuu gabricha mu’minaatu mushrika irra caala. Warri suni gara ibiddaatti waamu; Rabbiin immoo hayyama Isaatiin gara Jannataa fi araaramaatti waama. Akka xinxallaniif jecha aayatota Isaa namootaaf ibsa.” Suuratu al-Baqarah 2:221

6- Dubartii Zinaa raawwatte hanga tawbattuu fi garaan ishii ulfa irraa qulqulluu ta’uu hanga mirkanaa’utti- Dhiirri Musliimaa tokko dubartii zinaa (sagaagalummaa) hojjachuun ishii irratti mirkanaa’e ykn ragaan ishirratti argame ykn sagaagalummaan beekkamte fuudhun isarratti haraama. Akkasumas, dubartiin Musliimaa dhiira zinaa raawwatetti heerumuun hin hayyamamu. Garuu yoo tawbaa dhugaa tawbatan wal fuudhu danda’u. Rabbiin ni jedha:

الَّذِي لَا يَنْكِحُ إِلَّا زَانِيَةً أَوْ مُشْرِكَةً وَالْزَانِيَةُ لَا يَنْكِحُهَا إِلَّا زَانِي أَوْ
مُشْرِكٌ وَحْرِمَ ذَلِكَ عَلَى الْمُؤْمِنِينَ



Dhiirri zinaa (sagaagalummaa) raawwate dubartii zinaa raawwatte yookiin mushrika taate malee hin fuudhu. Dubartiin zinaa raawwattes dhiira zinaa raawwate yookiin mushrika ta’e malee namni biraahin fuudhu. Suni warroota amanan irratti dhoorgamee jira.” An-Nuur 24:3

Dubartii zinaa (sagaagalummaa) raawwatte fuudhuf sharxiin (ulaagaaleen) lama guuttamu qabu:
1ffaa- Dubartiin dhugaan zinaa irraa tawbachuu qabdi. Kana jechuun hojji zinaa irraa buqqa’uun gara Rabbii deebi’uu, gaabbu fi gara fuunduraatti hojji gadhee kanatti deebi’u dhiisudha. Bal’innaan “[ZINAA IRRAA AKKAMITTI TAWBATANII?](#)” barruu jettu ilaalun ni danda’ama.

2ffaa- Heeydii (marsaa laguu) tokkoon garaan ishii ulfa irraa qulqulluu ta’uu mirkanefachu. Kana jechuun hojji fokkuu kana booda dhiiga heeydi arguun ulfa irraa qulqulluu ta’u. Yoo kanniin lamaan guutte fuudhun ni danda’ama.

Sababni dubartii zinaa irraa hin tawbannee fuudhun dhoowwameef, firaasha dhiirma ishii balleessu irraa hin gortu. Kana jechuun namuma argite ofitti seensisuun wanta badaa waliin raawwatti. Ergasii ilmi dhalatu sanyii nama biraatin kan walitti makame ta’u. Kuni immoo sanyii balleessudha. Akkasumas,

jaalalli fi rahmanni isaan jidduudhaa ni bada. Dhiira zinaa raawwatutti heerumuniis akkasuma badaadha. Rabbiin ni jedha:

﴿الْخَيْثَاتُ لِلْخَبِيئِينَ وَالْخَبِيئُونَ لِلْخَيْثَاتِ وَالظَّيْبَاتُ لِلظَّيْبَيْنَ وَالظَّيْبَيْنُ لِلظَّيْبَاتِ﴾

“Dubartoonni badoon dhiira badoofi, dhiironni badoonis dubartoota badoof ta’u. Dubartoonni gaariin dhiirota gaariif, dhiironni gaariinis dubartoota gaariif ta’u.” Suuratu An-Nuur 24:26

Garuu lamaan isaanitu yoo tawbatan badaa (Khabiisa) ta'uun isaan irraa haaqama. Sababni isaas, tawbachuu fi hojii gaggaarii hojjachuun hojii badaa darbe namarrea haaqa. Namni suni gaarii ta'a. Akka fakkeenyatti Sahaabota Nabiyyi (SAW) ilaalun ni danda'ama. Isaan keessaa yeroo Jaahiliyyah (Wallaalummaa) nama daa'ima ofii ajjeese fi zinaa raawwate jira. Garuu yeroo Islaamni dhufu tawbachuun dhalootaaf fakkeenya gaarii ta'anii jiru. Kanaafu, namni hojii fokkuu kana raawwate dhugaan tawbachuu fi hojii gaggaarii hojjachuun xurii zinaa irraa of qulqulleessu danda'a.

7-Dubartii Muhrim taatee hanga ihraama hiiktutti– kana jechuun dubartiin takka hajjii hajjuuf ihraamatti yoo seente, hajjii xumuruun hanga ihraama hiikkattutti ishii fuudhun hin ta'u. Akkasumas, dhiirri hajjiif ihraamatti yoo seene, hanga ihraama hiikkatutti dubartii takka hin fuudhu. Ragaan kanaa, Hadiisa Usmaan bin Affaan gabaase keessatti Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

???? ?????????? ?????????????? ?????? ?????? ?????? ?????? ??????????

“Muhrimni mataa ofiiti hin fuudhu, hin heerumsisuu, hin kaadhimatus.” [Sahih Muslim 1409](#)
Muhrima jechuun nama sirna Umraa ykn Hajjiitti seenedha. “Hin kaadhimatu” dubartii takka fuudhaf hin kadhatu.

8-Osoo isa jala dubartoonni afur jiranuu tan shanaffaa fuudhu- namni dubarti afur of jalaa qabu, dubartii shanaffaa fuudhu hin danda'u. Rabbiin (Azza wa Jalla) hanga afuri hayyame. Afuri ol fuudhun hin hayyamamu. Nabiyyiin (SAW) afuri ol kan fuudhef waan isaaf qofa hayyamameefi. In sha Allah, gara fuunduratti dubartoota baay'isuu jalatti bal'inaan ilaalla.

Guduunfaa

?Dubartoonni yeroo murtaa'af haraama ta'an hanga sababni isaan fuudhu irraa nama dhoowwu ka'utti isaan fuudhun haraama. Yoo sababni suni ka'e, isaan fuudhun ni danda'ama. Fakkeenyaf, dubartii nama biraatti heerumte fi nikaah ofirraa qabdu fuudhun haraama. Garuu yoo nama saniin addaan baate fi nikenyi ishirraa bu'e, ishii fuudhun ni danda'ama.

?Dubartiin takka dhiira tokkorraa erga hiikkamte booda yeroo muraasaf turuu qabdi. Kunis iddaa jedhama. Hanga yeroo turtii (iddaa) xumurtuutti nama biraatti hin heerumtu.

?Dubartiin si'a sadii hiikkamte hanga dhiira biraatti heerumtutti dhiirri jalqabaa ishii fuudhu hindanda'u.

?Dubartiin mushrika taate hanga Musliima taatutti fuudhun hin danda'amu. Mushrika jechuun nama sanama (taabota), urjiilee, aduu fi ksf gabbaruudha.

?Dubartii zinaa raawwatte hanga zinaa irraa tawbattuu fi garaan ishii ulfa irraa qulqulluu ta'uu hanga mirkanaa'utti fuudhun hin danda'amu. Haaluma wal fakkaatun dhiira zinaa raawwate hanga dhugaan tawbatutti itti heerumuun hin danda'amu.

?Dubartiin sirna hajjii irra jirtuu hanga hajjii xumurtutti hin heerumtu. Dhiirris sirna hajjii hanga xumurutti hin fuudhu, hin heerumiisu, hin kadhatu.

?Osoo dubartoonni afur isa jala jiranuu dubartii shanaffaa fuudhu hin danda'u.

[Gabatee Dubartoota Fuudhun haraama taDownload](#)

Kitaabban Wabii

[\[1\] al-Fiqhul Waadiah](#) – Jiildi 2-fuula 81, Dr.Muhammad Bakr Ismaa'il

[Sahih Fiqhu Sunnaah](#) -Jiildi 3 -fuula-90-96, Abu Maalik

[Concise Presentation of the Fiqh](#)– fuula 395-396

Date Created

December 20, 2018

Author

admin